Dhaha Oromoo fi Simannaa Bara Haaraa Oromoo

Dhaha jechuun guyyoottan baatii keessatti argaman jechuudha. Dhaha jechuun faana buutuu Gadaa Oromoo jechuudha.

Oromoon yoo bara lakkaa'u akka biyyoota biroo Aduu dhiitee bariitu qofa irratti hundaa'a osoo hin taane sochii Ji'aa(baatii) fi Urjii irratti illee kan hundaa'e dha.kunis Dhaha Urjii jedhama Akka dhaha Oromootti Ji'a tokko ykn baatii tokko kan jedhamu Guyyoota digdamii sagalii fi Walakkaa (29.5) of keessaa qaba."Guyyaan Walakkaa jedhamu eessaa dhufe?"jettanii gaafachuu dandeessu. Oromoon cal'isee Aduu baatee seentuun Guyyaa tokko hin jedhu. warra aduu baatee galtuun guyyaa tokko jedhan illee qorattoonni dhimma kana irratti qorannoo adeemsisan yeroo tokko tokko Guyyaan dheeratee halkan waan gabaabbatuuf yeroo mara guyyaa fi halkan akka tokko hin taane bira ga'uudhaan dhimma kana mirkaneesaniiru.Oromoon garuu kana osoo qorattoonni hin jedhiin waan beekuuf Aduu dhiitee bariituun Guyyaa tokko jedhee hin fudhatu.kanaaf Ji' a Ilaaluuuun guyyaa murteessa.akka Ayyaantonni Oromoo jedhanitti Ji'i gaafa baatu keessa isheetti sarara Geengoo ykn Marfata qabdi jedhu.”Ayyaantuu”jechuun warra Ji'a Ilaalanii guyyaa murteessan jechuu dha.Ji'a kan Ilaalan meeshaa dhaan osoo hin taane kennaa Waaqni ganama kenneefitti dhimma ba'uudhaan qaroo ykn Ija isaanii qofaan Ilaalu. Ayyaantonni kun Sirna Gadaa keessattis ta'e uummata Oromoo biratti kabajaa fi Iddoo guddaa qabu.

Ji'i tokko baatee gaafa Goobantu dhuma irrattiSararri Geengoo(marfati) ji'a kana keessaa mul'atu

Guutuu 29 fi Walakkaa ta'a.sararri Geengoo ji'a kana keessaa mul'attu tokkoon ishee naannoftee gaafa wal qunnamtu Guyyaa tokko jedhamti.Ji'i kun garuu jalqaba gaafa baatu walakkaa qofatu ba'a.kanaaf sararri dhuma irratti Ji'a tokko keessaa mul'atu 29 fi walakkaa ta'a.kanaafuu akka DH.O tti Ji'i tokko Guyyaa 29 fi walakkaa qabdi jechuu dha.akka Kalaandarii Addunyaan kun itti bultutti Ji'a Gurraandhalaa(February) jedhamtu kan murtoofte miti, Ji'i February ykn Gurraandhala jedhamtu kun Guyyaa 28'n haa beekamtu malee waggaa afuritti si'a tokko 29 taati.habashoonnis kalaandarii isaanii kan addunyaa waliin wal qixxeessuuf ji'a 13ffaa Qaam'ee ykn Phaagumee kan jedhamtu waggaa afuritti si'a tokko kan Guyyaa Shan turte Ja'a taati kanaaf sababa yoo gaafattan kalaandariin Addunyaas ta'e kan Habashaa deebii quubsaa ta'e isiniif hin laatu.kalaandariin keessan Dhahni Oromoo garuu kanaaf sababa quubsaa ta'e qaba,akka Dhaha Oromootti ji'i tokko guyyaa 29 fi Walakkaa haa qahaatu malee waggaa afuritti si'a tokko Ji'i Gurraandhalaa guyyaa urjiiwwan oromoonguyyaa murteessuuf itti ba'u(Lamii,Buusan,Bakkalcha,Alhaagima,Arba,Gaadduu fi Wallaa) kanneen jedhaman torban osoo sarara isaanii irra naanna'anii waggaa afuritti si'a tokko sararri isaanii wal arga Guyyaa kana wal irra oolu. baatiin Urjiiwwan kunneen wal irra oolan baatii itti ji'i Gurraandhalaa baatu dha.yeroo kanas ji'i kanaan dura jalqaba walakkaa qofa taatee baatu Guutuu taatee jalqabdi.kanaaf dhuma irratti sararri Geengoo(marfatni) ji'a kana keessaa mul'attu Guutuu soddama taati.Guyyaan Ji'a kana keessa lakkaa'amus Soddoma ta'a.akka sirna Gadaatti guyyaan kun guyyaa itti Abbaan Gadaa Aangoo qabatee jiru bara hojii isaa itti walakkeeffatu dha.guyyaa kanas hojiin inni waggaa afran darban keessatti raawwate sakatta'amee waantonni sirrachuu qaban waggaa Afran dhufu keessatti

akka sirrataniif yeroo itti Gabaasni Abbaa Gadaaf dhiyaatu jedhamee beekama,

akkuma kanaan olitti ibsame Dhaha Oromoo keessatti Guyyoonni ji'a tokko keessatti argaman walitti Ida'amanii Ji'oota waggaa tokko keessatti mul'atan Kudha lamaan yoo baay'ifaman Guyyoota 354 ta'u (29.5 * 12=354).kalaandariin Addunyaa garuu guyyoonni waggaa takko keessa jiran 365 dha jedha.dhimma kana irratti Dhahni Oromoo sababa quubsaa ta'e dhiyeessuun kansaa sirrii ta'uu mirkaneessa malee akka

Kaalendarii Habashootaa Addunyaa waliin wal qixxeeffachuu dhaaf Ji'a dabalataa ykn Qaam'ee(Phaagumee) uumee waan hin jirre hin dalagu.sababni Oromoon dhimma kana irratti dhiyeessu maali laata? Akka Kalaandarii Oromootti guyyaan barri haaraa itti wal jijjiiru yoomi?

Akka Dhaha Oromootti Guyyoonni Waggaa tokko keessa jiran 354 dha.Kalandariin

Addunyaa immoo Guyyoonni waggaa tokko keessa jiran 365 dha jedha.Kamtu sirrii akka ta'e mirkaneeffachuuf dhufaatii Kalandarii Addunyaan kun ittiin bultu(Gregorian Calender) haa ilaallu.

Kaalendariin Girigooriyaa Bara 1582 nama "Pop Gregory XIII" jedhamuun qophaa'e.Isa dura Addunyaan kun Kaalendarii Roomaa "Julian Calender"jedhamuun fayyadamaa turte.Kaalendariin warra Roomaa kun waggaa tokkotti sekoondii 10.3 boodatti hafaa ture jechuu dhaan sababa Pop Gregory dhiyeesse irratti wal mormii guddaan uumamu illee Addunyaan kun kaalendarii haala teessuma biyyoota Addunyaa hunda giddu galeeffate Kaalendarii Girigooriyaa fudhachuuf dirqamte.gaafa Gregorian calender hojii irra oole akka warra Juuliyaanitti "oct 4,1582" ture.Kaalendariin Girigooriyaa gama kanaan dura guyyaan boodatti hafe jira jedhee waan amanuuf Oct/15/1582 jedhee jalqabe.guyyaa 11 tu itti dabalame jechuu dha.dhimma kana irrattis France,Spain fi Portugal yeroo dhaaf mormii dhiyeessanii, fudhachuu baatanis kaalendara mataa isaanii waan hin qabneef waggaa muraasa booda fudhataniiru warri Roomaa garuu hanga har'aatti garaa garummaan guyyaa 11 waan gidduutti uumameef Kaalendariin Girigooriyaa guyyaa 11 hateera jedhanii falmu.fakkeenyaaf Turkii yoo fudhanne kaalendariin Girigooriyaa kun guyyaa 11 seeraan ala itti dabaleera jettee osoo falmituu dhuma irratti kaalendarii dhuunfaa ishee waan hin qabneef "jan/01/1927" fudhachuu dandeesseetti.Oromoonis hanga har'aatti Kaalendarii fi eenyummaan isaa hin ukkaamfamne osoo ta'ee akkuma biyyoota kanaa Kaalendariin Girigooriyaa guyyaa 11 hateera jedhee warra dubbatu ture.sababni isaas

kaalendariin Girigooriyaa waggaa keessa guyyaa 365 tu jira jechaa jira kan

Oromoo garuu 354 tu jira jechaa jira.kana gidduu garaa garummaa guyyaa 11 tu jira.haa ta'u malee Pop Gregory gaafa kalaandarii kana uume biyyoonni Addunyaa irra jiran kaalendarii mataa isaanii akka hin uumne hin daangessine.Kaalendariin inni uume kun kan Biyyoota hunda Giddugaleeffate dha jedhe malee biyyoota hunda sirriitti bakka bu'a hin jenne.kanaaf Dhahni Oromoo sababa quubsaa waan qabuuf akka teessuma lafa oromiyaatti Guyyoonni waggaa tokko keessa jiran 354 dha jedhee yoo dhiyeeffate namni Lakkii 365 dha jedhee isa mormu hin jiru.sababni isaas inni 365 jedhu kan biyoota hunda Giddugaleeffate waan ta'eef.Habashoonnis akka kaalendarii isaaniitti ji'i hundi guyyaa 30 qaba

jedhanii waan amananiif kudha Lamaan baay’isan waggaa tokko keessa guyyoota 360'tu jira jechuu ni danda'u turan.garuu ragaa waan hin qabneef akkasumas haalli lakkoofsa isaanii maal irratti akka hundaa'e waan hin beekamneef gara kan Addunyaatti siqsuuf dirqaman. kanaafis ji'a 13ffaa uumuu dhaan guyyaa shan itti dabalanii kan addunyaa waliin wal qixxeessuuf yaalan kun ammoo kalaandariin habashootaa kun soba irratti akka hundaa'e agarsiisa.

Fakkeenya biroo yoo kaasne biyyoonni hedduu December/mudde 25 "christmass day" jechuu dhaan bara haaraa simatu,akkasumas warri Almerian jedhaman "Old christmass" kan jedhamu Jan/06 kabajuudhaan bara haaraa simatu.kana gidduus yoo ilaalle garaa garummaa guyyaa 11 tu jira.walumaa gala yeroo kaalendariin Julian cufamee Gregorian banamu guyyaan 11 itti dabalamte Sun biyyoota baay’ee biratti rakkoo uumtee jirti.kaalendarii Oromoos kan mudate kanuma malee kaalendariin Oromoo dhugaa irratti kan hundaa'e dha!!!

Dhimmi Ijoo keenya inni Lammaffaan "Oroomoon Guyyaa Kam Bara haaraa simata?" kan jedhu dh.Oromoon waa'ee bara haaraa waan beeku hin qabu.Oromoon kan beeku bara haaraa osoo hin taane Gadaa Haaraa dha.Oromoo biratti bara haaraa ykn Gadaa Haaraa kan jedhamu gaafa Abbaan Gadaa Aangoo irra jiru Abbaa Gadaa isa itti aanuuf Aangoo dabarsu dha.Guyyaa kana wanti hundumtuu ni haareffama kanaaf Gadaa Haaraa ykn Bara Haaraa jedhama. Fkn.Intala ykn Ilma Oromoo tokkon "bara kam dhalatte?" jettee hin gaafattu."Gadaa kam dhalatte?" jettee gaafatta malee.isheenis "Gadaa ebeluun dhaladhe" jettee siif deebisti.malee Oromoo biratti wanti sirna Gadaan ala ta'ee Bara Haaraa jedhamu hin jiru.bara Haaraa ykn Gadaa Haaraa kan jedhamu gaafa Oromoon Aangoo waliif dabarsudha dha. Bara lakkaa’uun Yoo barbaachisemmo oromoon amma bara 6415 Dh.O jedheet lakkaawata kanas haala salphaan oromoon gara Abbaa Gadaa 803 irratti argama.kanas Gadaan tokkoo waggaa 8 Abbaan gadaammoo hojiisaa gahuumsaan yoo bahachuu baate gadaantsa waggaa 4 tti gabaabbata haala kanaanis 803 * 8 =6424 waggaan walakkaa kana jiru baay'ina Abbootii Gadaa yeroo aangoo osoo hin xumuriin irraa bu'an agarsiisa.Haaluma kanaan oromoon bara 6415 keessa kan jiru yoo ta'u bara haaraa kan simatu ji'a muddee fixee amajjii gara jalqabaati Akka dhaha Oromootti waggaan tokko baatiiwwan kudha lama qaba. Guyyoonni ji’a keessa jiran hundumtuu maqaafi hiika mataa isaanii qabu.

Walumaa galatti,qarooma uummanni Oromoo ittiin beekamu keessaa kan baay'ee nama ajaa'ibsiisu lakkoofsa guyyaa,kan waggaa fi Gadaa qabaachuusaati.

Osoo birbirsi jiruu, maaltu faarsa miciree;guddaan gaafa Afriikaa ,oromoo koo mitiiree!!!



Galaanaa Gaaromsaa

Hag,6415 Dh.O/2021GC